Seeroota Taaksii fi Gumuruukaa

Qopheessaan : Abduramaan Siraaj

Onkololeessa, 2016

Harar

Seensa

- **Mootummaan rakkoo diinagdee, hawwasuummaa fi siyaasaa lammilee furuuf galii qabachuu qaba.**
- **Galiin kunis maddoota adda addaa irraa kan argamu yoo ta’ellee, taaksiin madda galii isa ijoo fi murteessaa dha.**
- **Kanaaf, kaayyoo misoomaa fi dirqamoota biroo mootummaa irratti gatamaan galmaan gahuuf Mootummaa Federala fi Naannoo aangoo taaksii heeraan isaaniif kennamee irratti hunda’uudhan taaksii ni murteessa, ni sassaaba.**

3.Kaayyoo Taaksii

- ✓ Galii uumuu
- ✓ Garaagarummaa dureessaa fi hiyyeessa jidu jiru hiri’suu
- ✓ Diinagdee tasgabeessuuf
- ✓ Oomishoota fi mi’oota miidhaa geesissuu dandaa’anii fi bu’uura hin taane hiri’suuf
- ✓ Invastiimantii jajjabeesuuf
- ✓ Waarshaalee fi oomishoota biyya keessaaf eegumsa gochuuf;
- ✓ Daldala alaa jajjabeessuuf

Akaakuu Taaksii

A. Taaksii kallattii

- ✓ **Gibira Galii Qaxarrii Irratti Murtaa'uu [Employement Income Tax]**
- ✓ **Gibira Bu'aa Hojii Daldalaa *[Business Income Tax]***
- ✓ **Galii Kiraa Manaa Irraa Argamu*[rental Income Tax]***
- ✓ **Galii Dhalaa Irraa Taaksii Kaffalamu *[Interest Income Tax]***
- ✓ **Taaksii qabeenyaa *[Property Tax]***
- ✓ **Gibira/Taaksii Galii hojii Qonnaa *[Agriculture Income Tax]***
- ✓ **Capital Gain Tax fi kkf**

B) Taaksii Al-kallattii

- **Ba’aan jalqabaa fi dhumaa nama tokko irra osoo hin taane namoota garagaraa irratti bu’a.**
- **Buu’uruma kanaan ba’aan jalqabaa taaksii kaffaluu seera rogummaa qabu keessatti kaffalaa taaksiiti jedhamee ibsame irratti yoo ta’u, ba’aan dhumaa immoo fayyadamtoota irratti bu’a.**
- **FKN, VAT, TOT, Eksaayizii fi Ashuuraa Gumuruukaa**

3. Qodiinsa Aangoo Taaksii

- **Aangoon taaksii aangoo birmadummaa mootummaan walqabatuudha.**
- **Aangoon taaksii ruqaalee gurguddoo sadi qaba. Isaanis;-**
  - ✓ **Aangoo taaksii seeraan murteessuu,**
  - ✓ **Aangoo taaksii seeraan murtaa'e sassaabuu fi**
  - ✓ **Taaksii bu'uura seeraatiin murtaa'ee sassaabametti fayyadamuu dha.**

...

- **HMRDFI gibira muruu fi sassaabuuf ka’umsa kan godhate;**
  a. **Garee kaffaltoota gibiraa (categories of tax payers) fi**
  b. **Madda taaksii (tax source) dha.**
- **Aangoo gibira muruu fi sassaabuu Heerichaan taa’ee jiru gareewwan afuritti kurfeessuun ilaaluun ni danda’ama.**

Isaanis;-

a) **Aangoo taaksii mootummaa federaalaa, (Kwt.96)**
b) **Aangoo taaksii mootummaalee naannoo, (Kwt.97)**
c) **Aangoo taaksii waliinii, (Kwt.98) fi**
d) **Aangoo taaksii ifatti adda ba’ee hin kennamiinidha (Kwt.99).**

A. Aangoo Taaksii Mootummaa Federaalaa((kwt.96 (1)))

- ✓ **Taaksiiwwan meeshaalee biyya keessatti galchuu fi alatti erguu**
- ✓ **Galiiwwan dhuunfaan qacaramuu irraa argaman (employment income tax)**
- ✓ **Galiiwwanii fi bu’aa dhaabbilee federaalaa irraa argaman:**
- ✓ **Gurgurtaa fi tajaajila dhaabbilee mootummaa federaalaan taasifaman:**
- ✓ **Kaffaltiiwwanii fi baasii tajaajilaa (fees and charges):**

B. Aangoo Taaksii Mootummaa Naannolee

- ✓ Galiiwwan dhuunfaan qacaramuun argaman
- ✓ Galiiwwan hojii qonnaa irraa argaman
- ✓ Galiiwwanii fi bu’aa daldaltoota dhuunfaa irraa argaman;
- ✓ Gurgurtaa fi tajaajila dhaabbilee mootummaa naannoon taasifaman
- ✓ Manneen dhuunfaa fi qabeenyaa biroo mootummaalee naannoo keessatti argamaniin walqabatan
- ✓ Kaffaltiiwwanii fi baasii tajaajilaa (fees and charges)

Itti fufe...

- **Qabeenyaa uumamaan walqabatee**
  - ✓ **taaksiiwwan itti fayyadama lafaa (land usufructuary),**
  - ✓ **geejjiba bishaanirraa daangaa naannichaa keessatti argamuu fi**
  - ✓ **itti fayyadama qabeenya bosonaa irratti aangoo gibira muruu fi sassaabuu kan ilaallatu**

Itti fufe...

- ✓ galii hojiiwwan albuuda baasuu xixiqqaa (small-scale mining),
- ✓ rooyaalitiiwwanii fi gatii kiraa lafaa sanaan walqabatanii jiran taaksii muruu fi sassaabuuf aangoo kan qabu mootummaa naannolee dha.

- **Qabatamaan, rakkoon kanaan walqabatee mul'atu mootummaaleen naannoo gahumsaan bulchuu dadhabuu dha.**

C. Aangoo Taaksiiwwan Waliinii

i. **Taaksiiwwan dhaabbatoota misoomaa mootummaan naannoofi federaalaa waliin wajjin hundeessan irratti murtaa'u:**

- ✓ ***Gibira bu'aa hojii daldalaa,***
- ✓ ***gibira hojii,***
- ✓ ***taaksii gurgurtaa fi eksaayiizii*** **murteessuufi sassaabuu.**

Itti fufa….

ii. **Taaksiiwwan bu’aa daldalaa dhaabbatoota fi gahee bu’aa abboottii Aksiiyoonaa irratti murtaa’anii fi sassaabaman:**

- ✓ **Gibira bu’aa daldalaafi taaksii gurgurtaatti.**
- ✓ **Dhaabbatootni gibirri bu’aan daldalaafi taaksii gurgurtaa ilaallatan…**
- ✓ **Waldaa Aksiyoonaa (share company) fi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’ee (private limited company).**

Itti fufe...

- **Dhaabbilee daldalaa ilaalchisee dhaabbata daldalaa dhuunfaa (sole proprietorship) irraan kan hafe; galii dhaabbilee daldalaa biroofi bu’aa isaan irraa argamu hunda irratti taaksii muruufi sassaabuuf mootummaan federaalaafi mootummaaleen naannoo aangoo waliin qabu.**
- **Kun ammoo qoodinsi aangoo taaksii mootummaa federaalaafi naannolee jidduutti kan taasifame gosa dhaabbata daldalaa irratti kan hundaa’e ta’uu agarsiisa.**

Itti fufe...

iii. Qabeenya uumama:

- **Hojjiiwwaan albuudaa gurguddaafi hojjiiwwaan peetirooliiyaamii fi gaazii irratti gibira galii fi kaffaltiiwwaan rooyaalitii walii wajjiin murteessuu fi sassabuun aangoo waliiniti.**
- **Federeeshinoon baayy'een aangoo Qabeenya Uumama irrati taaksii murteessuu fi sassaabuu mootummaa fedeeraalaaf kennu.**

Itti fufe...

- **Haa ta'u malee, Heerri RDFI kew.98 (3) tiin hojjiiwwaan peetirooliiyaamii fi gaazii irratti gibira galii fi kaffaltiiwwaan rooyaalitii walii wajjiin murteessuu fi sassabuun aangoo waliini ta'uu agarsiisa.**
- **Hojjiiwwaan Albuudaa heerrichi aangoon taaksii bakka lamati qoodeera;**
  a. **hojiiwwan Albuudaa gurguddaa aangoo kaffaltiiwwan rooyaalitii murteessuu fi sassaabuu kan waliinitti fi**
  b. **kan xixiqqaa kan naannolee qofadha.**

D. Aangoowwaan Taaksii Addaan Fo’amanii hin kennaminne

- **Sirna federaalizimii keessatti, aangoon addatti mootummaa federaalaaf ykn mootummaalee naannoof ykn qaamolee lamaaniif walitti hin kennamiin kan mootummaa federaalaa ykn kan mootummaa naannoo akka ta’e beekamaa dha.**
- **Heera Mootummaa RDFI keessattis aangoon haftee kun mootummaalee naannoof kan kenname ta’uu Heericha kwt.52 (2) jalatti tumameera.**
- **Taaksii ilaalchisee garuu, qoqqoodinsi taasifamee jiru adeemsa walfakkaataa kan hordofe miti.**
- **Taaksiiwwan gosa akkasii aangoo mootummaa sadarkaa kamii**

7. Haguuggii Seerota Taaksii Mootummaa Federaalaan Ba’an

- **HMRDFI gaditti, seerotni taaksii bifoota labsii, dambiiwwanii fi qajeelfamootaan bahanii argamu.**
- **Qabiyyee gosoota seerota kanneenii hunda ibsuuf yeroonis ta’e iddoon hin hayyamu waan ta’eef qabiyyee tokkoo tokkoo seerotaatti osoo hin seeniin labsiiwwan akka waliigalaatti jiran maalfaa akka ta’an gabaabinaan ilaalla.**

i. Labsii Bulchiinsa Taaksii (Lab.Lak. 983/2008)

- **Labsiin kun sirna bulchiinsa taaksii biyyattii keessatti argamu hunda haala si’oomina qabu, bu’a-qabeessa ta’ee fi safaruun danda’amuun bulchuuf yaadamee labsii qophaa’e dha.**
- **Labsichi sirna bulchiinsa taaksii keessatti;-**
  - ✓ **Dirqamaafi gahee qaamoleen taaksii bulchan qaban,**
  - ✓ **Deeggarsa qaamoleen mootummaa biroo taasisuu malan,**
  - ✓ **Dirqama kaffaltoonni gibiraa fi bakka buutonni isaanii qaban,**
  - ✓ **Akkaataa falmiiwwan taaksiin walqabatanii jiran fala itti argatan,**
  - ✓ **Itti gaafatamummaa bulchiinsaa fi yakkaa seerota taaksii fi kkf kan ibsu dha.**

ii. Labsii Gibira Galii Federaalaa (Lab. Lak.979/2008)

- **Labsiin kun labsii bal’aa kutaalee 11 fi keewwattoota 102tti gurmaa’ee kan dhiyaate dha.**
- **Gibira galiiwwaniin walqabanii jiran hunda:-**
  - **Gibira galii qacaramuu irraa argamu (Gabatee A);**
  - **Galii kiraa manneenii (gamoowwanii) irraa argamu (Gabatee B);**
  - **Gibira galii daldaluu irraa argamu (Gabatee C);**
  - **Galiiwwan biroo (Gabatee D) fi**
  - **Galii gibira galii irraa bilisa ta’e(gabatee E) kan bulchu dha.**

iii. Labsii Taaksii Dabalataa Qabeenyaa (Lab.Lak.285/1994) fi kan Isa Fooyyessan Lak. 609/ 2008 fi Lak. 1157/2011

- **Taaksiin kun taaksii gurgurtaa kan bakka bu'e yoo ta'u, gurgurtaa caalaa gulantaawwan gurgurtaa mara irratti taaksiin akka kaffalamu gochuu kan danda'uu fi bulchiinsi isaa salphaa ta'uu fi qusannoo fi investimentii kan jajjabeessu ta'uu dha.**
- **Namoota galma'aan ykn galma'uu qaban;**
- **Namoota meeshaalee taaksiin itti kaffalamu biyya keessa galchan;**
- **Namoota iddoon jireenya isaanii Itoophiyaa keessa hin taanefi taaksii gatii dabalataatiif osoo hin galmoofne hojii tajaajila kennuu irratti bobba'an kaffalaa taaksii dabalata qabeenyaa akka ta'an labsii lakk 285/94 kw 3(1) (A) (B) (C) fi kwt 23 jalatti tumamee jira.**

Itti fufe…

- **Namoonni taaksii dabalata qabeenyaaf galmaa’uuf dirqama qaban namoota gurgurtaan waliigala waggaa (annul turnover) qarshii miiliyoona tokkoo fi isaa ol ta’ee dha.**

iv. Labsii Taaksii Tarnovarii (Lab. Lak. 308/1995 fi 611/2001)

- **Taaksii tarnovarii namoonni taaksii dabalata qabeenyaaf hin galmaa’in kan kaffalanidha.**
- **Kaffaltiin taaksii tarnovarii kan raawwatamu akka taaksii dabalata qabeenyaa gulantaalee hundatti osoo hin ta’iin gatii gurgurtaa waliigalaa ykn dhiyeessaa irratti dha.**
- **Kaffaltoonni tarnovar taaksii gurgurtoota ykn dhiyeessitoota biyya keessaa taaksii dabalataaf hin galmaa’ini dha.**

v. Labsii Taaksii Eksaayizii (Lab. Lak. 1186/2012)

- **Labsiin kun meeshaalee fi tajaajiloota taaksiin eksaayizii irratti kaffalamu qaban irra deebiin sakatta’uun (review) sirna shallaggii taaksii baasii oomishaa (production cost) bu’uureffatee jiruufi tilmaamawaa hin taaneefi rakkoo qabatamatti mudachaa jiru bakka buusuuf yaadamee labsii ba’e dha.**

vi. Labsii Taaksii Eksaayizii Jimaa (Labsii Lak.767/2004)

- **Akka labsii kanaatti, kaffalaan taaksii eksaayizii nama taaksii to’annoo isaa jala godhee geejibsiisuun ykn karaa biraatiin gurgurtaaf dhiyeessu ta’ee Abbaa Taayitaa Galiifi Gumurukaa Itoophiyaan sassaabamee ji’a-ji’aan naannolee jimaan keessatti oomishameef rabsama.**

vii. Labsii Qaraxa Teemberaa (Lab. Lak. lak.110/1998 fi 612/2001)

- **Labsiin lakk.612/2001 labsii qaraxa teemberaa lak.110/1998 fooyyeessuuf ba’e dha.**
  - ✓ **Sanadoota qaraxni teemberaa irratti muramu,**
  - ✓ **Akkaataa qaraxichi itti shallagamu,**
  - ✓ **Nama qaraxicha kaffaluuf dirqama qabuu fi**
  - ✓ **Yeroo qaraxichi itti kaffalamuu,**
  - ✓ **Dirqama labsichaan taa’ee jiru ba’uu dhabuun itti gaafatamummaa hordofsiisuu fi**
  - ✓ **Sirni komiin itti dhiyaachuu danda’u hubatamu dha.**

viii. Labsii Gumurukaa Labsii Lak. 859/2006

- **Labsiin kun taaksii meeshaalee;-**
  - ✓ **gara alaatti ergaman,**
  - ✓ **daddarba irra jiranii fi**
  - ✓ **gara biyya keessaatti galan irratti raawwatinsa kan qabu dha.**
- **Labsiin kun kutaalee shanitti qindaa’ee kan dhiyaate dha.**

Itti fufe...

- **Haaluma kanaan, adeemsaa fi to'annoon gumurukaa, foormaalitiiwwan gumurukaa kanneen akka;**
  - ✓ **ibsuu (declaration),**
  - ✓ **hundeeffama magaazina gumurukaa,**
  - ✓ **sirna shallaggii qaraxa gumurukaa,**
  - ✓ **taarifa gumurukaa (Custom tariff),**
  - ✓ **oomishaaleen eessatti akka oomishan adda baasuu,**
  - ✓ **qaraxa gumurukaa,**
  - ✓ **kaffaltii taaksii fi tajaajilaa,**

Itti fufe...

- ✓akkaataa meeshaalee yeroo gabaabaaf gara biyyaatti galchan ykn gara alaatti baasan,
- ✓kaffaltii gumurkaa fi taaksiif akkaataa wabiin itti seenamu,
- ✓akkaataa garaagarummaan qaraxaa fi taaksii itti shallagamu fi kkf of keessatti hammateera.

8. Haguuggii Seerota Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

- **Naannoon Oromiyaa seerota gibiraa fi taaksiin wal qabatan adda addaa ofiin kan baafatee qabu yoo ta’u; garii isaanii ammoo kan mootummaa federaalaan bahanitti fayyadama.**
- **Labsiileen kunniinis:**
  - **Labsii gibira galii (Lab. Lakk. 202/2009),**
  - **labsii bulchiinsa taaksii (Lab. Lakk. 203/2009),**

Itti fufe...

- **labsii gibira galii hojii qonnaa (Lab. Lakk. 99/1997 fi 131/1999),**
- **labsii qaraxa teembiraa (Lab. Lakk. 77/1996 fi kan fooyyessee 137/2000),**
- **labsii taaksii tarn oovarii (Lab. Lakk. 75/1995),**
- **labsii eksaayizii (Lab. Lakk. 76/1995) akkasumas labsii dabalata qabeenya [kan federalaan bahe] (Lab. Lakk. 285/2002 fi kan isa fooyyesse Lak.609/2008).**

YAKKOOTA TAAKSII FI GUMRUKAA

9. Yakkoota Taaksiifi Gumuruka Fi Sirna Falmiin Isaanii Ittiin Hoogganamu

- **Mirgaafi faayidaalee Seera Yakkaa RDFItiin eegumsi taasifameef keessaa inni tokko faayidaalee diinagdeefi maallaqa mootummaati.**

❖ **Yakkootni Taaksii fi Gumuruka:-**

1. **Seera Yakkaa RDFI,**
2. **Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 203/2009,**
3. **Labsii Kaffaltii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaafi Gibira Galii Hojii Qonnaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deeebi'uun Fooyyeessuuf Bahe lakk.99/97 (Lab. Lak.131/99 Lab. Lak.99/97 fooyyeessuuf bahe),**
4. **labsii Gumurukaa Lakk.859/2006 (Lab. Lak. 1160/2012 Lab. Lak. 859/2006 fooyyeessuuf bahe) fi kkf keessatti haguuggii argatanii jiru.**

1. Yakkoota Seerota Yakkaa RDFI tiin tumamaan

- **Seerri yakkaa RDFI yakkoota faayidaalee diinagdee fi maallaqa mootummaa irratti raawwataman tumee jira.**
- **Bu’uuruma kanaan yakkoota taaksiifi gumurukaa irratti raawwataman kan akka;-**
  - **yakka ashuuraa ykn gibira mootummaa karaa seera ala ta’een kaffaluu diduu, (kwt.349)**
  - **gibirri akka hin kaffalamne kakaasuu, (kwt. 350)**
  - **maddawwan galii mootummaa irratti miidhaa geessisuu,(kwt. 351)**
  - **kontiroobaandii, (kwt. 352)**
  - **mi’oota, oomishoota ykn meeshaalee dhorkaman biyya alaa irraa fichisiisuu ykn biyya alaatti erguu, kaa’uu, deddeebisuu kannnen**

2. Yakkoota Taaksii Lab. Lak.203/2009tiin Tumaman

- **Labsiin kun yakkoota amman dura Labsii Gibira galii, Labsii Taaksii Eksaayizii, Labsii Tarnovarii Taaksii, gatii qabeenya dabalataa, Labsii Qaraxa Teembiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Labsii Taaksii Dabalata Qabeenyaa keessatti tumaman bakka tokkotti sassaabuun kwt.117-132 jalatti tumee jira. Yakkoonnii kunniin; -**
  - **kaffaltoota taaksiitiin,**
  - **namoota birootiin,**
  - **dhaabbatoota mirgaafi dirqama qabaniin fi**
  - **hojjetoota Abbaa Taayitaa Taaksiitiin rawwatamu ni danda'u.**

a. Yakkoota Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Taaksii Waliin Wal Qabatan (Kwt. 117)

- **Kaffaltooni taaksiis yeroo seeraan taa’ee keessatti iyyannaafi ragaa barbaachisu dhiyyeeffachuun galmaa’uuf dirqama qabu.**
- **Kana malees, Abbaan Taayitichaas kaffaltoota taaksii adda baasuun nama galmaa’eef lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksii kennuuf itti gaafatamummaa ni qaba.**
- **Kaffalaan taaksii yeroo kamiyyuu lakkoofsa eenyuummeessaa kaffalaa taaksii tokko qofa qabaata.**
- **Kana malees, lakkoofsi eenyummeessaa kaffalaa taaksii nama kennameef qofa kan tajaajilu waan ta’eef nama birootiin faayidaa irra ooluu hin danda’u.**

Itti fufe..

- **Haala addaatiin garuu, namni abbaa lakkoofsa eenyummeessaa kaffalaa taaksichaa ta’ee bakka bu’aan taaksii eeyyamni kennameef itti fayyadamuu akka danda’u barreeffaman yoo heeyyamuuf itti fayyadamuu ni danda’a.**
- **Bakka bu’aan lakkofsicha dhimmota taaksii abbaa lakkoofsa eeenyummeessaa kaffalaa taaksichaatiif qofa fayyadamuu ni danda’a.**

Itti fufe..

- **Itti dabaluun, seerichi yakkoota lakkoofsa eenyuummaa kaffalaa taaksii waliin wal qabatan tumee jira.**
- **Lakkoofsa eenyummaa kaffalaa taaksii;**
  - **tokko ol fudhachuun ykn fudhachuuf yaaluun;**
  - **namni biraa akka itti fayyadamuuf nama biraatiif kennuun ykn**
  - **kan nama birootti fayydamuun ni adabsiisa.**

b. Ibsawwan Sobaa Ykn Dogoggorsaafi Sanadoota Waliin dhahaman (Kwt. 118)

- **Kaffaltoonni taaksii yeroo seeroota taaksiin ta’ee keessatti uunka Abbaan Taayitaa qopheesse irratti odeeffannoo dhugaa ta’e guutuun taaksii beeksiisuun kaffaluuf dirqama ni qabu.**
- **Haa ta’u malee, ibsawwan sobaa ykn dogoggorsaafi sanadoota waliidhahaman kennuun ykn dhiyeessuun yakkaan ni gaafachiisa.**

c. Nagaheewwan Seeraan Alaa Ykn Waliin dhahaman (Kwt.119)

- **Nagaheewwn seeraan alaa qoheessuu,**
- **Maxxansiisuu, gurguruu ykn raabsuu,**
- **Idaa taaksii hir’isuuf ykn**
- **Deebii gaafachuuf sanadoota waliidhahaman fayyadamuun yakkaan kan nama gaafachisuu ta’uu tumee jira.**

d. Yakkoota Waliigalaa Nagaheewwaniin Wal-Qabatan (Kwt.120)

- **Tumaan kun gochoota akka;**
  - **nagahee malee bittaa gurgurtaa raawwachuu,**
  - **kooppii nagaheewwanii walfakkaatan bittaa fi gurgurtaa tokko irratti kennaman irratti gatii adda adda galmeessuun gatii gurgurtaa hir'isuun;**
  - **bittaa gurgurtaan osoo hin raawwatamin nagahee kennuu ykn fudhachuu;**
  - **Abbaan Taayitaa irraa hayyama osoo hin argatin nagahee maxxansuun yakka taasiisuun tumee jira.**

i. Nagahee Malee Bittaa Gurgurtaa Raawwachuu

- **Kaffalaan taaksii galmee herreegaa qabachuuf dirqama qabu kamiyyuu gurgurtaa raawwachuuf dirqama nagahee kennuu qaba.**
- **Kaffalaan taaksii galmee herreegaa qabachuu dirqama qabu eeniyuu? Gaaffi jedhu deebiisuuf Labsii Gibira Galii Naannoo Oromiyaa lakk 202/2009 dubbisuun murteessaadha.**

Itti fufe...

Labsiin kaffaltoota gibiraa;

- **Kaffalaa gibiraa sadarkaa “A”,**
- **Kaffalaa gibiraa sadarkaa “B” fi**
- **kaffalaa gibiraa sadarkaa “C”**

jechuudhan bakka saditti qoodee jira.

Itti fufe...

- **Kaffalaan gibiraa sadarkaa “A” warri jedhaman;**
  - **dhaabbata ykn**
  - **nama galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 1,000,000.00 ykn kanaa ol ta’e kamiyyuu akka ta’e ibsamee jira.**

Itti fufe...

Kaffala gibiraa sadarkaa “B” kan jedhamu;

- **dhaabbata osoo hin dabalatiin,**
- **kaffalaa gibiraa galiin waliigalaa waggaa isaa qarshii 500,000.00 ol ta’ee fi 1,000,000.00 gadi ta’eedha.**

Kaffallaa gibiraa sadarkaa “C” kan jedhamu;

- **dhaabbata osoo hin dabalatiin,**
- **nama galiin waliigalaa waggaa isaa hanga qarshii 500,000.00 kan ta’e dha.**

Itti fufe...

- **Labsichi sadarkaa kaffaltoota gibiraa erga adda baase booda galmee herreegaa qabachuuf warra dirqama qaban ifatti tumee jira.**
- **Haaluma kanaan labsichi kaffaltoonni gibiraa sadarkaan "A" gibira galii hojii daldalaa kaffaluuf dirqama qaban bu'uuraa sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansiitiin galmeewwan herregaa qabachuuf dirqama kan qaban ta'uu tumee jira.**

Itti fufe...

- **Kana malees, kaffaltootni gibiraa sadarkaa “B” gibira galii hojii daldaalaa kaffaluuf dirqama qaban sanadoota qabachuu qaban tareesse jira. Fakkeenyaaf,**
  - **galmee galiifi baasii guuyya guyyaa argisiisu;**
  - **galmee gurgurtaa fi bittaa hunda agarsiisu;**
  - **galmee mindaafi durgoowwaniifi sanada biroo kamiyyuu itti gaafatamummaa gibiraa kaffalaa gibiraa murteessuuf dandeessisu qabachuuf dirqama akka qaban tumee jira.**

Itti fufe...

- **Kafaltoonni gibiraa sadarkaa “C” galmee herreegaa qabachuuf hin dirqaman.**
- **Haa ta’u malee, galmee galii gurgurtaa waliigalaa agarsiisu ykn galmee barbaachisaa biroo qabachuu ni danda’u.**
- **Kaffalaan taaksii galmee herreegaa qabachuuf dirqama qabu kamiyyuu, nagahee malee bittaa fi gurgurtaa kan raawwate yoo ta’e yakkaan kan gaafatamu ta’uu tumamee jira.**

Ii. Nagaheewwan Irratti Gatii Adda Addaa Galmeessuun Gatii Gurgurtaa Hir’isuu

- **Gochi tumaan kun hundeessee koppii nagaheewwanii irratti gatii adda addaa galmeessuu yoo ta’u, kaayyoon isaa immoo gatii gurgurtaa hir’isuun taaksii irraa barbaadamu hir’isuudha.**
- **Kooppii nagaheewwanii walfakkaatan bittaafi gurgurtaa tokko irratti kennaman irratti gatii adda adda galmeessuun gatii gurgurtaa hir’isuun yakkaan kan adabsiisu ta’uu tumameer.**

iii. Bittaafi Gurgurtaan Osoo Hin Raawwatamin Nagahee Kennuu Ykn Fudhachuu

- **Bu’uuruma kanaan osoo bittaa gurgurtaan hin raawwatamin nagahee kennuu ykn fudhachuun kan adabsiisu ta’uu tumameera.**

iv. Yakka Nagaheewwan maxxansiisuun walqabatee raawwatamu

- **Nagaheewwan maxxansiisuu fi yakka kanaan walqabatu ilaalchisee labsichi dirqamoota kaffalaa taaksii fi namoota tajaajila maxxansaa kennaan irraa eegamuu jira.**
- **Kaffalaa taaksii galmee herregaa qabachuuf dirqama qabu osoo nagaheewwan hin maxxansiisiin dura akaakuu fi baay'ina nagaheewwanii Abbaa Taayitaa biratti galmeessisuu qaba.**

Itti fufe...

- **Bu’uuruma kanaan namni osoo Abbaan Taayitichaa hin hayyaminiif nagahee taaksii maxxanse adabbii maallaqaa fi hidhaatiin ni adabama.**
- **Kana malees, namni balleessadha jedhamee yakkicha yeroo lammaffaaf raawwatee meeshaan maxxansaa isaa fi dhaabbanni maxxansichaa kan dhaalamu ta’uu fi hayyamni daldalaa isaas kan haqamu ta’uu tumamee jira.**

e. Deebii Seera Qabeessa Hin Taane Ykn Bakka Buufamuu Hin Mallee Gaafachuu (Kwt.121)

- **Kaffalaan taaksii deebii seera qabeessa ta’eef bakka buufamuu maluuf gaafachuu ni danda’a.**
- **Kaffalaan taaksii bara taaksichaatti taaksii bakka buufama kaffaltiifi bu’uura seera taaksiitiin taaksii kaffalamuu qabu ol kan kaffalame yoo ta’e, guyyaa taaksichi kaffalame irraa eegalee waggoota 3 keessatti akka deebi’uuf gaafachuu ni danda’a.**
- **Haa ta’u malee, deebii seera qabeessa hin taane ykn bakka buufama hin mallee gaafachuun yakka ta’uu tumamee jira.**

3. Yakkoota Taaksii Dabalataa Qabeenyaa Waliin Wal Qabatan (Kwt.122)

- **Tumaan kun gochoota akka;-**
  - **taaskii dabalata qabeenyaatiif osoo hin galmaa'in nagahee kennuu,**
  - **yaadannoo deebiitii ykn kireeditii taaksii kennuuf hayyamamaa ta'uu diduu ykn**
  - **akkaataa labsii vaatiitin hayyamameen ala yaadannoo deebitii ykn kireediitii kennuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisuu ta'uu tumee jira.**

4. Yakkoota Qaraxaafi Teembiraan Waliin Walqabatan (Kwt.123)

- **Ragummaadhaaf yoo ta’e malee;**
  - **sanada qaraxin teembiraa itti hin kaffalame hojiirra oolchuu, ykn**
  - **mallatteessuu ykn qaraxa teembiraa kaffaluu dhiisuuf ykn**
  - **qaraxa teembiraa gad-aanaa kaffaluuf yaaduun**
  - **amala sirrii sanada tokkoo ibsuu dhiisuu ykn dhoksuun kan adabsiisuu ta’uu tumamee jira.**

5. Yakkoota Tarkaanfii Taaksii Kaffalchiisuuf Fudhatamu Waliin Walqabaatn (Kwt.124/1-9)

- **Abbaan Taayitichaa taaksii kaffalchiisuuf jecha tarkaanfiiwwan adda adda akka fudhachuu danda'uu labsii lakk 203/2009 kwt 42-47 jiraniin aangeeffamee jira. Bu'uuruma kanaan abbaan taayitichaa aangoo; -**
  - ✓ **Qabeenyaa qabachuu,**
  - ✓ **Maallaqnii fi qabeenyi akka hin sochonee dhorkuu,**
  - ✓ **Qaamni sadaffaan taaksii hin kaffalamne akka kaffalu ajajuu;**
  - ✓ **Kaffalaan taaksii biyya keessa akka hin baanee ajaja dhorkaa baasuu, dhaabbata daldalaa yeroodhaaf saamsuu qaba.**

a. Yakka Nama Qabeenya Kaffalaa Taaksii Fuudhuun Raawwatamu

- **Labsichi kwt 42(6)(a-e) jalatti dirqama fudhataaf hiika laatee jira.**
- **Dirqama fudhataa jechuun qabeenya kaffalaa taaksii ykn kaffalaan taaksii du'ee ilaalchisee;**
  - **qulqulleessaa Kubbaaniyyaa,**
  - **fudhataa Mana Murtiitiin ykn Mana Murtiin ala filatame;**
  - **abbaa imaanaa nama kasaaree;**
  - **nama qabeenya wabummaan kenname qabiyyee isaa jala galche;**
  - **qulqulleessituu dhaalaa qabeenya nama du'e qulqullesu jechuu dha.**
- **Namni qabeenya kaffalaa taaksii fuudhu kamiyyuu bu'uura seera taaksii tumameen dirqama irratti buufame osoo hin raawwane yoo hafe kan adabamu ta'uu tumame jira.**

b. Yakka Nama Ajajni Qabiinsa Qabeenyaa Qaqqabeen Raawwatamu

- **Qabeenya kaffalaa taaksii qabachuun walqabate labsichi Abbaa Taayitichaa aangeessee jira.**
- **Bu’uuruma kanaan Abbaan Taayitichaa kaffalaan taaksii yeroo taaksiin kaffalamuu hin kaffalle guyyaa 30(soddoma) keessatti taaksii irraa barbaadamu yoo hin kaffale qabeenyaan kaffalaa taaksii akka qabamu ajaja qabiinsaa kennuu ni danada’a.**

Itti fufe...

- **Haa ta’u malee, namni bu’uura kanaatiin ajajni qabiinsaa qabeenyaa qaqqabe qabeenyaa ajajni irratti darbe;-**
  - **yoo gurgure, jijjiire, ykn karaa biraa yoo dabarse;**
  - **dhokse, caccabse, akka hin hojjanne taasise ykn**
  - **miidhe ykn sanada qabeenya kana ilaallatu barbadeesse, dhokse, dhabamsise, haqe, laaqe ykn balleesse yakkaan kan gaafatamu ta’a.**

C. Yakka Nama Ajajni Kaffaltii Qarshii Qaama Sadaffatiif Akka Kaffaluu Isa Gaheen Raawwatamu

- **Kaffalaa jechuun:-**
  - **kaffalaa taaksitiif abbaa idaa kan ta’e ykn gara fulduraati abbaa idaa kan ta’u;**
  - **kaffalaa taaksitiif ykn maqaa kaffalaa taaksitiin maallaqa kan qabate ykn gara fuulduraatti kan qabatu;**
  - **kaffalaa taaksitiif kan kaffalamu qarshii namni biraa qabe;**
  - **kaffalaa taaksitiif maallaqa akka kaffaluuf nama biraan nama eeyyamni kennameef jechuudha.**

Itti fufe...

- **Abbaa taayitichaa kaffalaan taaksii tokko taaksii irraa barbaadamu yeroo kaffaltiitti osoo hin kaffaliin yoo hafe qaama sadaffaa kaffalaa gibiraatiif maallaqa kaffalu Abbaa taayitichaatiif akka kaffalu ajaja kennuu akka danda'u aangeessee jira.**
- **Bu'uura ajaja kaffaltii qaama sadaffatiif kennamuun qarshii ibsame namni Abbaa Taayitichaatiif hin kaffale kamiyyuu yakkaan kan gaafatamu ta'uu tumamee jira.**

d. Ajaja Dhorkaa Biyya Keessaa Bahuu Darbuun Yakka Raawwatamu

- **Abbaan taayitichaa nama kamiyyuu; dhaabbata ykn kubbaaniyaa taaksii kaffaluun irra jiru ykn taaksii gara fuulduraatti kaffalamu guutummaan hanga kaffalutti biyya keessaa akka hin baane dhorkuu akka danda'u seeraan aangoon kennameefii jira.**
- **Ajaja dhorkaa biyya keessaa bahuu darbuun biyya keessa bahuun ykn yaaluun ni adabsiisa.**

E. Yakka Dhaabbata Faayinaansiifi Hojii Gaggeessaa Dhaabbata Faayinaansiitiin Raawwatamu

- **Maallaqa dhaabbilee faayinaansiitiin kaa'amefi qabeenya qabatanii turuun walqabatee Abbaan Taayitaa;-**
  - **herregni kaffalaa taaksii akka hin sochone dhorkuu;**
  - **qabeenya kaffalaa gibiraa Dhaabbata faayinaansii keessa jiru meeshawwan of-eegannoon qabaman saanduqa keessa Maallaqni callaa,**
  - **meeshaa gatii guddaa,**

Itti fufe...

- bareedinaa gatii qabeessa ykn qabeenya biroo hin sochonnee;
- qabeenya meeshaalee of-eegannoon qabamanii saanduqa keessatti argaman odeefannoo barbaachisu ykn tarree qabeenyawwan saanduqa keessa jiranii akka kennamuuf ajajaa bulchiinsaa (dhorkaa) dhaabbaata faayinaansitiif kennuu akka danda'uu seeraan aangeeffamee jira.

- **Dhaabbanni Faayinaansii kamiyyuu ajaja Abbaan Taayitichaatiin darbe hin kabajne adabbii maallaqaa hanga qarshii Abbaa Taayitichaan hin funanamniin hafeen kan adabamu ta'uu tumamee jira.**

f. Yakka Dhaabbata Daldalaa Saamsuun Walqabatu

- **Dhaabbata daldalaa yeroof saamsuu ilaalchisee Abbaan Taayitaa kaffalaa taaksii**
  - **deddeebiin bu’uura seera taaksitiin sanada barbaachisu osoo hin qabatin hafe ykn taaksii yeroo kaffaluu qabutti kaffaluu dhiise dhaabbata daldalaa yeroof saamsuu akka danda’u aangeeffamee jira.**
  - **Waan kana ta’eef, namni Abbaa Taayitichaa irraa eeyyama osoo hin argatin;**
    - ✓ **ajaja saamsuu naannoo hojiitti darbe ykn**
    - ✓ **iddoo saamsame kan bane ykn kan dhorke yakkaan kan gaafatamu ta’uu agarsiisa.**

3. Taaksii Miliksuu/ Tax evasion/ (Kwt.125)

- **Yakki kun yakka itti yaadamee raawwatamu ta’uu;**
- **nama kamiiniyyuu fi namaa herreega kaffalaa irraa taaksii hir’isee mootummaadhaaf akka galii godhuuf itti gaafatamummaa itti kennameen kan raawwatamuu ta’uu;**
- **kutaa gochaa yakkichaa immoo;**
  - **galii ofii dhoksuu,**
  - **beeksiisa taaksii dhiyeessuu dhiisuu ykn**
  - **taaksii kaffaluu dhiisuu**
- **kan hammatu ta’uu tumee jira.**

4. Bulchiinsa Seera Taaksii Gufachiisu (Kwt 126/1-3)

- **Abbaan Taayitaa Galiiwwanii seerota taaksii bulchuu fi hojiirra olchuuf jecha;**
  - ✓ **Odeeffannoo ykn ragaa argachuuf beeksiisa kennuu;**
  - ✓ **Yeroo kamiyyuu fi beeksiisa tokko malee mooraa ykn iddoo, meeshaa ykn qabeenya;**
  - ✓ **Sanada fi kuusaa odeeffannoo kamiiniyyuu seenuu fi sakatta'uu aangoo ni qaba.**
- **Sanadoota sakata'uuf gaaffii abbaa taayitichaaa fudhachuu diduu ykn gabaasawwan ykn kaffalaa taaksii dhimma taaksii ilaalchisee odeeffannoo kennuuf eeyyamamaa ta'uu dhiisuu; ragaa akka kennu beeksisa kenname raawwachuu diduu;**

Itti fufe...

- **hojjataa taaksii ragaa kamiiyyuu ykn ragaa argachuuf mirga qaban akka hin fayyadamne dhorkuu;**
- **deeggarsa barbaachisu kennuu ykn haala mijeeessuuf heeyyamamaa ta’uu dhabuu fi**
- **waajjira Abbaa Taayitichaa keessatti jeequmsa kaasuu ykn hojjettoonni taaksii dirqama hojii isaanii akka hin baane gufachisuu kanneen jedhamaniidha.**

Itti fufe...

- **Akka waliigalaatti Abbaan Taayitichaa seera taaksii kamiiniyyuu bulchuuf jecha**
  - **odeeffannoo ykn**
  - **ragaa argachuuf,**
  - **beeksiisa kennuu fi**
  - **aangoo seenuu fi sakatta'uu kan qabu yoo ta'u,**

yakki bulchiinsa seera taaksii gufachiisuu yakka hojii Abbaa Taayitaa kana gufachiisuu ykn gufachiisuuf yaalii taasiisuu kan walqabatu dha.

5. Aangoo Osoo Hin Qabatiin Taaksii Sassaabuu Ykn Sassaabuuf Yaaluu (Kwt.127)

- **Namni tokko taaksii sassaabuudhaaf seeraan aangoon kennamuufi qaba.**
- **Haa ta’u malee, bu’uura seera taaksiitiin aangoon taaksii sassabuu osoo hin kennamnee taaksii kamiyyuu sassabbuun ykn sassaabuuf yaaluun adabbii maallaqaa fi hidhaatiin kan adabsiisu ta’uu tumamee jira.**

6. Yakka Taaksii Gargaaruu ykn Jajjabeessuu (Kwt.128)

- **Seerri yakkaa RDFI waa’ee raawwii yakkaa irratti hirmaataa ta’uu kwt 32- 41 jalatti tumee jira.**
- **Seerri kun raawwata yakkaa muummee ta’uun hirmaachuu, kakaasuu, miiltummaa, yakka raawwachuuf korachuu, erga yakki raawwatamee booda raawwataa yakkaa gargaaruu fi kkf tumee jira.**

Itti fufe...

- **Akkasumas, Seerri yakkaa namoonni lama ykn lama ol ta’an raawwataa yakka muummee ta’uun ykn hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka raawwatanii yommuu argaman, tokko tokkoon isaa sadarkaa hirmaannaa isaatiin, hanga badii isaatiin, ofii isaafi gochichi hanga cimina miidhaa hordofsiisuu danda’uun ofii yakka raawwate qofaan kan adabamu ta’uu tumee jira.**

Itti fufe...

- **Haa ta’u malee, Lab. Lak.203/2009 waa’ee hirmannaa yakkaa haala seera yakkaa irraa adda ta’een akkas jechuun tumee jira.**
- **Namni tokko bu’uura seera taaksiitiin yakka taaksii tumame raawwataa *“ yakka muummee”* jedhamee nama biroo beekamu akka raawwatamu kan gargaare, jajjabeesse, tumse, kakaase ykn kan waliigale yoo ta’e, *adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen ni adabama.***

Itti fufe...

- **Hirmaattummaa sadarkaa lammaffaatiin yakka taaksii raawwachuun sadarkaa hirmaannaa isaatiinfi hanga badii isaatiin osoo hin taane adabbii raawwataa yakkaa muummee irratti buufameen kan adabamu ta’uu agarsiisa.**
- **Kunis, raawwii yakkaa irratti hirmaataa ta’uu ilaalchisee haala seera yakkaa keessatti tumameen adda ta’een kan tumamee ta’uu agarsiisa.**

6. Yakkoota Boordii Ol’iyyannoo Waliin Walqabatan (Kwt 129/1-2)

- **Nama miseensa Boordii ol’iyyannoo taaksii ta’uun itti gaafatamummaa isaa bahaa jiru;**
  - **arrabsuun,**
  - **heeyyama osoo hin qabaatiin deemsa hojii Boordichaa addaan kutuun,**
  - **deemsa hojii Boordichaa jeequuf yaaduun mooraa Boordichaa keessatti ykn**
  - **naannoo Boordichi jirutti jeequmsa uumuun ykn**
  - **jeequmsichatti hirmaachuun ;**

kan adabsiisu ta’uu tumamee jira.

Itti fufe...

- **Haaluma wal-fakkaatuun, ajaja Booridicha fuul duratti dhihaachuu ykn sanada dhiyeessuu ykn odeeffannoo kennuu qaqqabe sababa gahaa malee raawwachuu dhabuu; sababa gahaa tokko malee Boordicha fuul duratti kakuu raawwachuuf ykn dhugaa ragaa bahuuf mirkaneessa kennuuf heyyamamaa ta'uu dhiisuu;**
- **gaaffii dhihaateef sababa gahaa malee deebii kennuuf heeyyamama taa'uu dhiisuun kan nama adabsiisuu ta'uu tumee jira.**

7. Yakka Bakka Bu’oota Taaksii Heeyyamni Kennameefiin Raawwatamu (Kwt 130)

- **Namni tokko tajaajila b/bu’uummaa taaksii kennuuf heeyyama Abbaa Taayitaa irraa argachuu akka qabu tumamee jira.**
- **Taajaajila b/bu’uummaa taaksii kaffalaa taaksii b/bu’uun;**
  - **beeksiisa taaksii qopheessuu,**
  - **komii qopheessuu;**
  - **raawwii seeroota taaksii ilaalchisee kaffalaa taaksiitiif gorsa kennuu;**
- **Daangaa tajaajiloota b/bu’uummaa taaksii heeyyamni kennameef irra jiru darbuun heeyyama bakka bu’uummaa taaksii malee tajaajila**

8. Yakkoota Meeshaa Gurgurtaa Galmeessuu Walqabatee Raawwataman (Kwt 131/1-6)

- **Meeshaa gurgurtaa naquxaa (Point of sale machine) jechuun meeshaa maallaqa callaa galmeessu kan bakka bu’u meeshaa kompitarawaa ta’e yoo ta’u;**
  - **ajaja maamiltootaa,**
  - **raawwii fi adeemsa ajajichaa fi**
  - **herraga kaardii deebiitii fi kireediitii kan galmeessuu fi hordofu meeshaa kuusa keessa jiru kan to’atuufi gochaawwan kana fakkaatan biroo raawwachuuf kan dandeessisu meeshaa dandeetti dabalataa qabuudha.**

A. Yakka Nama Meeshaa Gurgurtaa Galmeessuutti Fayyadamuuf Dirqama Qabuun Raawwatamu

- **Meeshaa gurgurtaa galmeessu Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennameefiitiin ykn hin galmoofneetiin fayyadamuun;**
- **meeshichi yeroo suphaa irra jiru ykn sababa biroo quubsaa ta’een yoo ta’e malee nagahee meeshaa gurgurtaa galmeessuun maxxanfameen ala ykn nagahee malee bittaa fi gurgurtaa raawwachuun;**
- **yaadannoo fiizikaalaa meeshaa gurgurtaa galmeessuu irratti miidhaa geessisuu ykn akkaa jijjiiramu ykn yaalii taasiisuun kan adabsiisuu ta’uu tumamee jira.**

B. Yakka Dhiheessitoota Meeshaalee Gurgurtaa Galmeessuu Dhiyeessaniin Raawwatamu

- **Yakki kun;**
  - **nama heeyyama qabu,**
  - **nama heeyyama hin qabne,**
  - **wiirtuu tajaajila meeshaalee kanneen dhiyyeessunii fi**
  - **hojjetaa meeshaalee gurgurtaa galmeessu kaminiyyuu raawwatamuu danda’a.**

Itti fufe...

- **Meeshaa ykn sooftiweeri Abbaa Taayitichaatiin beekamtiin hin kennameef gabaara oolchuun;**
- **meeshaa gurgurtaa galmeessu hojiirra jiru irratti jijjiirama taasifamu kamiyyuu dursa Abbaa Taayitichaa beeksiisuu dhabuu ykn**
- **qajeelfama itti fayyadama meeshichaa keessatti odeeffannoo sirrii hin taane galchuu ykn**
- **odeeffannoo sirrii hir’isuun kan adabsiisuu ta’uu tumamee jira.**

Itti fufe...

- **Gama biraatiin, yakki kun nama meeshalee kanneen dhiyeessuuf heeyyama hin qabneen raawwatamuu ni danda'a.**
- **Bu'uuruma kanaan heeyyama osoo hin qabaatiin meeshaalee gurgurtaa galmeessu ykn sooftiweerii kamiiniyyuu gabaara oolchuun kan gaafachiisuu ta'uu tumamee jira.**
- **Kana malees, dhiyeessan kamiiyyuu hojjetaa beekamtiin hin kennamneefii fi Abbaa Taayitichaatiin hin galmoofne hojii irratti bobbaasee yoo argame adabbii maallaqaa ykn hidhaatiin kan adabamu ta'uu tumamee jira.**

Itti fufe...

- **Gama biraatiin hojjetaan meeshaalee gurgurtaa galmeessuu kamiyyuu beekamtii wiirtuu tajaajilichaa ykn Abbaa Taayitichaa malee;**
  - **meeshaa gurgurtaa galmeessu yoo hiike ykn**
  - **walitti deebise ykn**
  - **meeshichi osoo hin miidhamiin ta’e jedhee saamsa isaa yoo kaase ykn**
  - **qaama isaa yoo jijjiire ykn gochaawwan kana fakkaatan yoo raawwate kan gaafachiisu ta’uu tumamee jira.**

c. Yakka hojjeta Abbaa Taayitichaan Meeshaa gurgurtaa Galmeessuu irratti raawwatamu

- **Hojjetaan taaksii dambiifi qajeelfama itti fayyadama meeshaalee gurgurtaa galmeessuu darbuun meeshaa gurgurtaa galmeessu hiike ykn walitti deebise ykn hojjetaan wiirtuu tajaajilaa bakka hin jirretti hojiirra akka oolu eeyyame ykn lakkoofsa adda meeshichaa jijjiire ykn gocha seeraa alaa kamiyyuu itti fayyadamaa meeshaa gurgurtaa galmeessuun ykn wiirtuu tajaajilichaan ykn hojjetichaan ykn dhiyeessichaatiin raawwate osoo beekuu ykn dagannoon sa'aatii 24 keessatti Abbaa Taayitichaatiif gabaasa hin taasifne kan adabamu ta'uu tumamee jira.**

10. Yakkoota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.132/1-3)

- **Seera taaksii darbuutiin yakka kan raawwate dhaabbata yeroo ta’uutti yeroo yakkichi raawwatametti hojii gaggeessaa namni ta’e kamiyyuu yakkicha akka raawwatetti lakkaa’ama.**
- **Gama biraatiin, labsichi haala hojii gaggeessaan dhaabbatichaa itti gaafatamummaa yakkaa jalaa itti bahuu danda’u tumee jira.**

Itti fufe...

- **Yakkichi kan raawwatame hojii gaggeesichi;**
  - **osoo hin eeyyamiin ykn**
  - **hin beekin yoo ta’ee fi**
  - **nama haala walfakkaataa keessa jiruu fi**
  - **dhimmoota of eegannoon ilaalu raawwatamuu badichaa ittisuuf of eeggannoowwan ni fudhata jedhamanii tilmaamaman taasisuuf tattaaffii maluufi tarkaanfii ogummaa hojimaataan deeggarame fudhatee kan argame yoo ta’e seera taaksii darbuun yakka raawwatameef yakkaan hin gaafatamu.**

12. Yakkoota Gumurukaa Labsii Lakk 859/2006 tiin Tumaman

- **Yakkoonni Gumuruukaa yakkoota ashuuraafi taaksii meeshaaleefi tajaajiloota biyya keessa galanii fi alergii irratti kaffalamu irratti raawwatamaniidha.**
- **Yakkoonni kanneen seera yakkaa RDFI kwt.352, 353(1-A), 354 jalatti kan tumaman ta'uu armaan olitti ilaalle ture.**
- **Yakkoonni labsii Gumurukaa lakk 859/2006 kwt 166 hanga 173 mata duree yakkoota gumurukaa fi adabbiiwwan isaanii jedhu jalatti haguuggii argatanii jiru.**
- **Kana malees, labsiin lakk 1160/2011 labsii lakk 859/2006 kan fooyyeesse yoo ta'u, labsii kun tumaalee yakkoota gurmurukaa hundeessan keessaa kwt.168 (1) fi 169(2) haguun keewwata xiggaa**

A. Hojii Too’annaa Gumurukaa Gufachiisuu (Kwt.166)

- **Ofiisar gumurukaa itti gaafatamaa ykn hojjetaa hojii gumurukaa hojjechuuf ramadame yoo ta’u, Ofiisara qorannaas ni dabalata jedhamee hiikamee jira.**
- **Ofiisarri gumurukaa meeshaalee balleessaan gumurkaa irratti raawwatamuu isaa ragaa gahaa ykn shakkii yoo qabaate;-**
  - **Geejjiba**
  - **Man-kuusaa**
  - **Qaama namaa sakatta’uu;**
  - **Meeshaa poostaan ergamu banuu fi qorachuu akka danda’u seeraan aangoon kennameefii jira.**

Itti fufe...

- **Gochoonni yakka too’annaa gumurukaa irratti taasifamu gufachiisuun hundeessan Ofiisarri gumuruukaa sanadoota akka hin qoranne ykn geejjiboota ykn meeshaalee akka hin sakattaane ykn mana kuusaa daldalaa ykn mana jireenyaa akka hin seene gochuu ykn jeequmsa uumuu ykn gaaffii gaafatamuuf deebii sirrii kennuu dhabuu ykn qorannaaf deeggarsa taasiisuu dhibuu ykn karaa kamiiniyyuu hojii gufachiisuuf gidduu lixuu kanneen jedhamaniidha.**

B. Sanadootaafi Mallattoowwan Abbaa Taayitichaa Gara Sobaattii Jijjiirruufi Fakkeessuun Hojjechuu (Kwt.167)

- **Kutaan yaadaa yakka kana hundeessu Abbaa Taayitichaa irratti miidhaa geessisuu ykn faayidaa hin malle ofiif ykn nama biraatiif argamsiisuuf yaaduudha.**
- **Kutaan gochaa yakkichaa immoo unkaa, waraqaa eenyummaa, asxaa, meeshaa gumurukin ittiin saamsamu, ykn sanada kamiyyuu ykn mallattoo gara sobaatti jijjiiruu ykn fakkeessuun hojjechuu ykn itti fayyadamuu, ykn itti fayyadamuuf yaaluudha.**

13. Yakka Kontrobaandii (Kwt.168)

- **Tumaan kun yakki kontroobaandii nama kamiiniyyuu ykn gareen raawwatamuu akka danda’u, itti yaadamee kan raawwatamu ta’uu isaa fi meeshaa irratti raawwatamu danda’uufi haaloota yakkicha cimaa taasisan tumee jira.**
- **Kana malee, kwt. 168(1) labsii lakk 1160/2011 haqamee keewwata xiqqaa haaraan bakka buufamee jira.**

A. Yakka Kontroobaandii Nama Kamiiniyyuu Raawwatamu

- **Yakki kontiroobaandii labsiin lakk. 859/2006 kwt 168(1) tumaamee jira. Tumaan kun labsii 1160/2011 kwt 44 haqamee keewwata xiqqaa haaraan bakka bu'ee jira.**
- ***Bu'uura kanaan, namni kamiyyuu osoo beekuu ykn beekuun irra jiraatu seeroota Gumurukaa cabsuun;-***
  - **meeshaalee dhorkaman,**
  - **daangaan itti taasifame ykn**
  - **sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne**

Itti fufe...

- **dhoksuun ykn**
- **sarara seera qabeessa ala**

- **biyya keessa galchuu,**
- **biyya keessaa baasuu ykn**
- **biyya keessa galchuuf yaalii taasiisuu ykn**
- **meeshaalee karaa seera qabeessa ta'een biyya keessa bahan karaa seeraa ala ta'een deebisuun biyya keessa galchuun yakkaan ni adabsiisa.**

Itti fufe...

- **Yakki kontiroobaandii meeshaa dhorkame, ykn daangaan itti taasifame ykn meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne irratti kan raawwatamu ta’uu ibsamee jira.**
- **Labichi meeshaa dhorkame fi daangaa itti taasifamee jechuun maal jechuu akka ta’e kutaa hiikoo jalatti ibsee jira.**

Itti fufe...

- **Meeshaa dhorkame:-** **jechuun meeshaa kamiyyuu bu’uura seera Itiyoophiyaatiin ykn waliigaltee idil addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifteen biyya keessa akka hin galle, biyyaa keessaa akka hin baanee ykn akka hin daddabarfamne dhorkaman jechuudha.**

Itti fufe...

- **Meeshaa daangaan itti taasifame:- jechuun immoo meeshaa heeyyama qaama seeraan aangoo qabuun malee biyya keessa galu, bahuu ykn daddabarfamuu hin qabneedha labsichaan dhorkamee jira.**
- **Meeshaalee kanneen ulaagaa barbaachisaa osoo hin guutin biyya keessa galchuu, baasuu fi naanneessuun akka hin danda'amne labsichaan dhorkamee jira.**

Itti fufe...

- **Kutaan gochaa yakka kontiroobaandii hundeesse seeroota Gumurukaa darbuun meeshaa dhorkame, daangaan itti taasifame yookiin meeshaa sirni gumurukaa irratti hin raawwatamne daangaa gumurukaa keessa galchuu, ykn daangaa gumurukaa keessaa baasuu ykn galchuuf yaalii taasiisuudha.**
- **Kunis gochi yakka kontrobaandii sadarkaa yaaliittiifi gutumaan gutuutti kan raawwatamu yoo ta’e (at attempt stage and complete offence) kan nama adabsiisu ta’uu agarsiisa.**

Itti fufe...

- **Daangaa gumurukaa jechuun daangaa bulchiinsa Itiyoophiyaati (የጉሙሩክ ከልል ማለት የኢትዮጵያ የግዛት ክልል ነዉ) jedhee hiikee jira.**
- **Waan ta’eefis, gochi meeshaa olitti ibsame daangaa bulchiinsa Itiyoophiyaa keessa galchuu ykn baasuu yookiin galchuuf yaalii taasiisuu yakka kontiroobaandiin nama gaafachiisa.**

B. Yakka Kontiroobaandii Namoota birootiin raawwatamu

- **Keewwanni 168(2) yakka kontroobaandii nammoota birootiin raawwatamu tumee jira.**
- **Yaada tumaan irraa akka hubatamutti tumaan kwt 168(1) irratti tumaa hundaa’ee yoo ta’u, kutaan yaadaa yakkicha hundeesse, meeshaan yakki kun irratti raawwatamufi iddoon itti raawwatamu tokkumma.**

Itti fufe...

- **Haa ta’u malee, tumaalee xixxiqqan lamaan namoota yakkicha raawwatanii fi haala raawwii yakkichaafi adabbii irratti garuu garaagarummaa ni qabu.**
- **Kutaan gochaa kwt 168(2) hundeessee meeshaalee geejjibsiisuu, kuusuu, qabatanii argamuu, gurgurtaaf dhiheessuu, bituu (transports, stores, possesses, offers for sale or buys goods...) kanneen jedhamniidha.**

Itti fufe...

- **Gochi yakkaa kunis nama meeshaaleen karaa seeraan alaa ta’een kan argaman ta’uu isaanii (meeshaa dhorkame, daangaa itti taasifame yookiin sirni gumurukaa irratti hin raawwatame) beekuun ykn beekuun utuu irra jiraatu geejjibsiiseen, kuuseen, qabatee argameen, gurgurtaaf dhiyyeeseen ykn nama bite kamiiniyyuu raawwatamuu ni danda’a.**

C. Meeshaa akka Kontiroobaadiitti ilaalamu

- **Keewwanni 168(4) dabalataan meeshaa akka kontroobaandiitti ilaalamu tumee jira.**
- **Meeshaan karaa seera ala ta’een biyya keessa bahuuf yoo jedhu qarqara sarara gumurkaa keessatti qabamu akka meeshaa kontroobaandiitti ilaalama.**

Itti fufe...

- **Tuma kana hubachuuf “ qarqara sarara gumurukaa keessa ..’’ yaada jedhuu hubachuun barbaachisaadha.**
- **Labsichi kwt 2(44) jalatti hiika itti kennee jira.**
- **Qarqara sarara gumurukaa(customs frontier strip):- jechuun daangaa sarara gumuruka Itiyoophiyaa irraa gara keessatti iddoo kiilomeetira 15 as seenee argamuu jechuudha.**
- **Kanaaf meeshaan as keessatti qabamu akka meeshaa kontroobaandiitti lakka’ama jechuudha.**

14. Yakka Waliin Dhahuu Ykn Burjaajjeessuu (kwt 169)

- **Yakki waliin dhahuu: -**
  - **meeshaa dhorkame irratti;**
  - **meeshaa dikilaarsiyoonii irratti hin galmoofne ykn ibsi sirrii ta’e itti hin kennamne meeshaa seera qabeessa dahoo godhachuudhaan meeshaa ashuuraafi taaksii irraa bilisa hin taanee akka bilisa ta’e fakkeessuun;**
  - **sandoota gumurukaa irratti;**
  - **meeshaa invastimantiif jecha ashuuraafi taaksii irraa bilisa ta’e irratti raawwatamuu ni danda’a.**

Itti fufe...

- **Gochoota kwt. 169tiin dhorkaman keessaa tokko meeshaa seeraa qabeessa dahoo godhachuun meeshaa dhorkame biyya keessa galchuu, biyya keessaa baasuu yookiin biyya keessa galchuu ykn baasuuf yaalii taasiisuudha.**
- **Gochi yakkaa inni lammataa labsii 1160/2011 kwt 45tiin hunda'ee meeshaa dikilaarsiyoonii irratti hin galmoofne ykn ibsi sirrii ta'e itti hin kennamne meeshaa seera qabeessa dahoo godhachuun biyya keessaa yoo galchuu ykn biyya keessaa baasuu ykn biyya keessa galchuuf yookiin baasuuf yaalii taasiisuu kan jedhuudha.**

Itti fufe...

- **Kewt. xiqqaan 3 yakka waliin dhahuu meeshaa ashuuraafi taaksii irraa bilisa hin taanee akka bilisa ta’e fakkeessuun raawwatamuu danda’u hundeessee jira.**
- **Bu’uuruma kanaan, mirga ashuuraafi taaksii irraa bilisa ta’uu osoo hin qabaannee akka qabu fakkeessuun waliin dhahuun meeshaa ashuuraan itti hin kaffalamne biyya keessa galchuu ykn biyya keessaa baasuu kan gaafachisu ta’uu tumameera.**

Itti fufe...

- **Keewwanni xiqqaan 4 immoo ashuuraafi taaksii kaffalamuu qabu kaffaluu dhiisuuf yookiin xiqqeessuun kaffaluuf yaaduun;**
  - **sanada sobaa kamiyyuu sirni gumurukaa akka raawwatamuu dhiyyeeesuu;**
  - **odeeffannoo sobaa yookiin**
  - **ibsa sobaa gumurukaaf dhiyyeessuu;**
  - **sanadoota haquu, laaquu, soquu ykn fakkeessuun hojjechuu, ykn gocha waliin dhahuu kanneen biroo raawwachuun kan nama adabsiisuu ta'uu tumee jira.**

14. Meeshaa Saamsame Hiikuu Ykn Mallattoowwan Kaasuu (Kwt.170)

- **Yakki meeshaa saamsame hiikuu,**
- **mallattoowwan kaasuun,**
- **quncisuu yakka meeshaa hir’isuuf,**
- **walitti makuuf, balleessuuf, hatuuf ykn**
- **haala kamiiniyyuu faayidaa ofiif argachuuf ykn nama birootiif argamsiisuuf ykn nama kamiyyuu miidhuuf yaadamee gocha raawwatamuudha.**

Itti fufe...

- **Gochoonni yakka hundeessanis heeyyama Ofiisara gumurukaa rogummaa qabu malee waan gumurukin ittiin saamsamu hiikuu yookiin irraa baasuu; mallattoo meeshaa yookiin wanta meeshaan keessa ta'u irra jiru kaasuu, soquu, haquufi laaquu yookiin jijjiiruu; yookiin wanta meeshaan keessa ta'u banuu yookiin meeshaalee bakka tokkotti hidhaman facaasuu kanneen jedhamaniidha.**

16. Dirqamoota Meeshaalee Geejjibuu Cabsuun Yakka Raawwatamu (Kwt. 171)

- **Geejjibsiisan kamiyyuu (any carrier) geejjiba biyya keessa galu ykn biyya keessaa bahu sarara Abbaan Taayitaa Gumurukaa heeyyameen ala sochoosuu, dhaabuu, imaaltoota fe’uu, meeshaa buusuu akka hin qabne;**
- **Abbaa Taayitichaa irraa osoo heeyyama hin argatiniifi Ofisarri gumurukaa iddoo sanatti hin argamin imalaa fe’uu yookiin buusuu yookiin meeshaa fe’uu ykn buusuu akka hin dandeenye;**

Itti fufe...

- nama heeyyameef ala nama biraa kamiiyyuu gara geejjibaatti akka seenu heeyyamuu akka hin qabne;
- meeshaalee ibida kaasaan yookiin baalafamaa ta’an geejjiba irraa osoo hin bu’in beeksiisuu akka qabu;
- geejjibni buufata gumurukaa gahuun duratti ibsa waa’ee imaaltootaafi meeshaalee fe’aman agarsiisu Ofisara gumuruukaatiif dhiyyeessuu;...

itti fufe...

- **geejjibni meeshaa fe’ee naannoo gumurkaa Itiyoophiyaa keessaa akka socho’u erga heeyyamameefi booda sababa kamiiniyyuu kan turu yoo ta’e battalatti Ofiisara gumurukaatti beeksiisuu akka qabu seeraan tumamee jira.**
- **Haa ta’u malee, meeshaalee biyya keessa galan yookiin gara biyya alatti ergaman sababni humna ol ta’ee bakka hin jiretti buufata gumurukaa alatti buusuun yookiin fe’uun, yookiin buusuun ykn fe’uuf yaaluun yakkaan kan gaafachiisu ta’uu tumamee jira.**

Itti fufe…

- **Akka waliigalaatti yakki kun yakka nama meeshaalee iddoo tokko gara iddoo biraatti geessuu yookiin nama geejjiiba meeshaaleen ittiin fe’amu too’achuuf itti gaafatamummaa qabuun dirqamoota labsii kanaan kaa’aman cabsuun raawwatamuudha.**

17. Sirna Odeeffannoo Elektrooniksii Garmalee Fayyadamuu (Kwt 172)

- **Hayyama Abbaa Taayitchaa malee sirna odeeffannoo elektrooniksii Abbaa Taayitichaa ofiif fayyadamuun yookiin namni hin hayyamamneef akka fayyadamu gochuun kan nama adabsiisuu ta’uu tumamee jira.**

18. Yakkoota Dhaabbileedhan Raawwatamu (Kwt.173)

- **Seerri Yakkaa RDFI jaarmiyaan namummaan seeraan kennameef tokko akka yakka raawwatetti lakkaawamee kan adabamus hoggantoota yookiin hojjettoota isaa keessaa tokko haala hojii jaarmiyichaa waliin walqabateen faayidaa jaarmiyichaa karaa seeraan alaan gaggeessuuf yaaduun, yookiin dirqama seeraa jaarmiyichaa darbuun, yookiin jaarmiyicha akka meeshaatti seeraan ala fayyadamuun raawwataa muummee ta'uun, kakaastummaan, yookiin miiltummaan yakka yommuu raawwatudha jechuun tumee jira.**

Itti fufe...

- **Kanuma bu’uura godhachuun jaarmiyaaleen yakka gumurukaa kwt 168-172 keessatti xinxaalaman raawwachuu keessatti hirmaannaa qaban bu’uura Seera Yakkaa RDFI kwt 90tiin kan adabaman ta’uu labsiin gumurukaa lakk 859/2006 tumee jira.**

18. Sirna Falmiin Yakkoota Taaksiifi Gumurukaa Ittiin Hoogganamu

- **Seerota taaksiifi gumuruukaa darbuun badiiwwaan raawwatamaan itti gaafatamummaa bulchiinsaa fi kan yakkaa kan hordofsiisu ta’u seerota taaksii Sadarkaa Naannoofi Federaalatti bahan keessatti ifatti tumameera.**
- **Falmiin yakkoota taaksii fi gumuruuka irratti raawwatamaan adeemsa ittiin hoogganamu ilaalchisee qajeeltowwaan deemsa falmii yakka waliigalatiin kan bitaman ta’uu labsii bulchiinsa taaksii, akkasumas labsii gumuruukaa keessatti**

Itti fufe...

- **Haa ta’u malee, yakkoonni kunneen yakka dantaa diinagdee mootummaa fi uummataa irratti raawwatamaan waan ta’eef, sababa yakkoota kanaatiin hawwasni bal’aan tajaajila hawaasumaa kan akka tajaajila bishaan qulqulluu, ibsaa, mana baruumsaa, tajaajila fayyaa fi kkf. silaa argachuu malan akka hin arganne kan godhuudha.**
- **Gama biraatiin, sababa yakkoota kanneenitiin lammileen biyyatti meeshalee fayyaa ykn nageenya isaanitiif jedhamee gara biyyaa akka**

Itti fufe...

- **daangeffamaan karaa seeraan alaatiin gara biyyaa seensisuun gochoota fayyaa ykn nageenya lammiilee irratti miidhaa geessisuu danda’aan akka raawwatamaan kan taasisu waan ta’eef qorannoon yakkoota kanneen irratti godhamu gahuumsa fi xiyyeeffannoo ol’aanaan raawwachuu gaafata.**

Itti fufe...

- **Adeemsa qorannoo yakkoota taaksii fi gumurukaa eegaluuf odeeffannoo/eeruun maddoota gara garaa irraa dhiyaachuu danda’a. Fakkeenyaaf, yemmuu kaffalaan taaksii odiitii godhamutti bu’aan odiitii argame yakki raawwatame jiraachuu kan argisiisu yoo ta’e;**

Itti fufe...

- **...ykn namni kamiyyuu yakki raawwatame jira jechuun odeeffannoo gahaa waliin eeruu yoo kenne;; ykn qaamni seera kabachiisu yemmuu hojii idilee isaanii raawwatan odeeffannoo argatan irraa ka'uun eeruu yoo kennaan;**
- **ykn odeeffannoo haala kaminuu ifatti tamsaasame irraa ka'uun yakkoonni kunneen raawwatamanii jiru jechuun yoo shakkame adeemsi qorannoon yakka eegaluu ni danda'a.**

Itti fufe...

- **Ogeessonni qorannoo yakkoota taaksii fi gumuruuka irratti hirmaatan yakkicha qulqullinaa fi gahuumsa ol’aanaan qorachuuf beekumsa seerota taaksii fi gumurukaa irratti qabachuu barbaachisa.**
- **Caaseffama/gurmaa’insa qaamolee qorannoo yakkoota taaksii fi gumurukaa irratti raawwatamaan qorachuutiin wal-qabatee moodeloota afurtu jira.**

Itti fufe..

- **Biyya keenya keessatti adeemsa qorannoo fi himannaa yakkootni taaksii ittiin hoogganamu ilaalchisee hanga yeroo dhihootti sadarkaa Mootummaa Federaalatti Abbaan Taayitaa Galiiwwanii fi Gumuruukaa aangoo poolisummaa fi Abbaa Alangummaa ofumaaf qaabachuun gareen qorannoo yakkaa hundeeffamee qorannoon yakkoota taaksitiin gaggeeffamaa tureera.**

Aangoo Manneen Murtii

- **M/Murtii dhimma tokkorratti aangoo A/Seerummaa qaba jechuuf aangoo;**
  - **biyyooleessaa,**
  - **hundee dubbii fi**
  - **kan tooraa qabaachuu qaba.**
- **Qabatamaan hojiirratti rakkoon bal’aan kan mul’atu aangoo hundee dubbii adda baasuun walqabatee waan ta’eef leenjii kana keessatti waa’ee aangoo hundee dubbii irratti xiyyeeffachuun gabaabinaan kan ilaallu yoo ta’a.**

Itti fufe...

- **Sirna Federaalaa keessatti Aangoon Seerota Taaksii baasuu fi sassaabuu mootummoota sadarkaan jiraniif kan qoodame ta’uu ni beekama.**
- **Heera MRDFI kewt.95 jalatti Mootummaan Federaalaa fi kan Naannoolee Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu kan qoqqodaataan ta’uu ibsameera.**

Itti fufe...

- **Bu’uura kanaan, Mootummaan Federaalaa Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu kennemeefi irratti seerota kan baasuu fi mootummoonni Naannolees haaluma wal-fakkaatuun Aangoo taaksii buusuu fi sassaabuu heera mootummaa federaalatiin isaaniif kenname irratti hundaa’uun seerota taaksii baasuun taaksii sassaabuuf aangoo kan qabu ta’uu tumameera.**

Itti fufe...

- **Gama aangoo manneen murtii yakkoota taaksii fi gumurukaa irratti raawwatamaan ofitti fuudhanii ilaaluutti yoo deebinu, Aangoon kun sadarkaa Federaalatti Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe lakk.25/88 fi labsii kana fooyyessuuf kan bahe labsii.321/95 irra madda.**

Itti fufe...

- **Bu’uuruma kanaan Lab. Lak.25/1988 kwt.4 jallatti Aangoo yakkaa manneen murtii federalaa kan tarreeffamaan yoo ta’u, isaan keessaas keewwata xiqqaa 4 jalatti galii ashuuraa fi taaksii yookiin akka waliigalaatti yakkoonni dantaa diinagdee mootummaa Federaalaa irratti raawwatamaan ofitti fudhate ilaaluudhaaf Manni Murtii aangoo abbaa seerummaa irratti qabu Mana Murtii Fedeeralaa ta’uu tumameera.**

Itti fufe…

- **Kunis, labsicha keewwata 15(1) jalatti Aangoo Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa ta’uu ifatti ta’ee jira.**
- **Gama biraatiin, sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti bu’uura heera federalatiin aangoo seeraa taaksii baasuu irratti hundaa’uun labsiileen bahanii hojiirra jiran ni jiru.**

Itti fufe...

- **Labsiileen kunneeniis, tumaa yakkaa kan of-keessaa qaban yoo ta’u, dhimmoota kanneen ofitti fuudhanii ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qaban Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa ta’uu Lab. Lak.216 kewt.31 (4) irraa ni hubatama.**

Itti fufe...

- **Kunis, labsiileen taaksii kunneen Caffeen kan bahan waan ta’eef daangaa adabbii baaxii seericha keessatti kaa’ameen osoo hin daangeffamiin dhimmicha ofitti fuudhee ilaaluuf Aangoo hundee dubbii kan qabu mana murtii Aanaa Naannichaa ta’uu labsicha keessatti tumameera.**

Itti fufe...

- **Gama biraatiin, yakkoota taaksii fi gumuruuka dantaa Mootummaa Federaalaa irratti daangaa Mootummaa Naannichaa keessatti raawwatamaan yoo ta’e, bu’uura Heera Federaala kewt.80(4) tiin manni murtii ol’aanaa Naannoo dhimmicha bakka bu’ummaan ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo hundee dubbii ni qabaata.**

Horaa Bulaa!